# Gadaa

## Kitaaba Barataa

Kutaa 3







BBO 2013/2020

# Gadaa

**Gorsaafi Qindeessaa**
Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**
Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**
Abdulqaadir Amaan
Baqqalaa Qana'aa
Galmaa Waaqoo
Sintaayyoo Tolaa

**Gulaaltota:**
Biiftuu Roobii
Diidaa Jiloo
Duubee Aduulaa
Lubaabaa Jamaal
Sulxaan Umaree

**Seecca'oota:**
Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

**Giraafiksii:**
Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsitoota:**
Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo



Kitaaba Barataa Kutaa 3

©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2020

Kitaaba kana Biiroon Barnootaa Oromiyaa bara 2013/2020 qopheessee maxxanse.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Galata

Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa qophii sirna barnootaa Gadaa kutaa 1-8 keessatti jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuufi qooda fudhachuun gahee olaanaa gumaacheerra. Kanaafuu, hojii seena qabeessa biiroo keenya wajjiin ta'uun hojjachuu isaaf galata guddaa qaba.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

## Baafata


Qabiyyee — Fuula

Boqonnaa 1: Maq-baasa Dabballee ........ 1
Boqonnaa 2: Gaammee Xixiqqaa ........ 4
Boqonnaa 3: Faaruu Gaammee Xixiqqaa ........ 7
Boqonnaa 4: Hiriyyummaa ........ 10
Boqonnaa 5: Muraa Hariyyaa ........ 14
Boqonnaa 6: Halaqanaa ........ 17
Boqonnaa 7: Dhadhaa ........ 20
Boqonnaa 8: Mijuu ........ 22
Boqonnaa 9: Galaa ........ 25
Boqonnaa 10: Farda ........ 27
Boqonnaa 11: Faaruu Fardaa ........ 30
Boqonnaa 12: Kallachaafi Caaccuu ........ 33
Boqonnaa 13: Illaansoo/Ulmaa ........ 36
Boqonnaa 14: Qondaala ........ 39
Boqonnaa 15: Haadha Siinqee ........ 43
Boqonnaa 16: Irreecha /Dhibaayyuu ........ 46
Boqonnaa 17: Faaruu Irreechaa ........ 50
Boqonnaa 18: Guddifachaa ........ 57
Jechibsoo ........ 60

# Boqonnaa 1 Maq-baasa Dabballee

Sirni Gadaa gulantaalee umrii adda addaa ofkeessaa qaba. Yeroo gulantaa tokko irraa gara itti aanutti ce'amu, jilatu qophaa'a. Jilli gulantaa dabballummaa irraa gara Gaammee Xixiqqaatti taasifamu 'Maq-baasa' jedhama. Maq-baasa jechi jedhu jechoota 'maqaa'fi 'baasuu' jedhaman irraa ijaarame.

Jilli Maq-baasaa ce'umsa gulantaa Daballummaa irraa gara Gaammee Xixiqqaatti godhamudha. Dabballee bara Gadaa tokko yookiin luba tokko jala jiran hundaaf jilli Maq-baasaa yeroo tokkotti gaggeeffama. Jilli kunis ce'umsi gulantaa Daballummaa irraa gara Gaammee Xixiqqaatti taasifamu kan ittiin mirkana'uudha.



**Gaaffilee hubannoo**

1. Jilli Maq-baasa Dabballee maaliif raawwatama?
2. Jilli Maq-baasa Dabballee ce'umsa gara kamiitti taasifamuuf qophaa'a?

Jilli Maq-baasaa gochaalee tartiibaan raawwataman qaba. Jalqaba irratti, maatiin Dabballee hundinuu ardaa jilaa qubatu. Itti aansuun, guyyaa jilaaf ayyaanni ilaallamee ummataaf ibsama. Sana booda, iddoo jilli kun itti gaggeeffamutti galmi jilaa ijaarama. Erga jilli galma kana keessatti gaggeeffameen booda Dabballeef maqaan moggaafama.

Jila kana irratti, maatii, fira, fiixaafi ummata heddutu hirmaata. Sirbi adda addaas nisirbama. Dabballeen guduruu nibuufatti yookiin nihaaddatti. Handhuuraan nikennamaaf. Kun immoo, jila kana adda taasisa. Dhuma irratti, ijoolleen sadarkaa Gaammee Xixiqqaatti ce'uun isaanii nimirkanaa'a.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Jila Maq-baasa Dabballee irratti maal maaltu raawwatama?
   - A. Dabballeen guduruu buufachuu
   - B. Handhuuraan kennamuu
   - C. Qaamni hawaasaa hirmaachuu
   - D. Hunduu deebiidha
2. Ijoollee Gadaa tokko yookiin luba tokko jala jiraniif moggaasni maqaa yeroo tokko kennama (dhugaa/soba).
3. Jilli Maq-baasa Dabballee tartiiba akkamiin gaggeeffama?
4. Dubbisa boqonnaa kana irraa waa'ee maalii baratte?

Gaammee Xixiqqaan Sirna Gadaa keessatti sadarkaa Dabballummaatti aanee kan jirudha. Sadarkaan kun, umrii waggaa 9-16 jidduutti kan argamudha. Haata'u malee, sababa turtii dhalootaatiin ijoolleen Gaammee xixiqqaa tokko tokko umrii kanaa gadi yookiin ol ta'uu danda'u. Gaammee Xixiqqaan, bakka adda addaatti maqaa gara garaatiin beekama. Fakkeenyaaf, Boorana keessatti Gaammee Xixiqqoo, Gujii keessatti Qarree Duubaa, Maccaafi Tuulama keessatti Dabballee jedhama. Akkasumas, Karrayyuu, Afran Qalloo, Ituufi Humbanna biratti ammoo Ruubboo yoo jedhamu; Arsii biratti Gaammee jedhamee waamama.



Sadarkaa Gaammee Xixiqqaatti, ijoolleen akkaataa rifeensa itti haaddatan qabu. Gaammeen yoo haaddamu, walakkaan gubbee mataa irraa haaddamee qarqara irratti rifeensi akka guddatu taasifama.

Haala rifeensa mataa isaanii kana ilaaluun Gaammee Xixiqqaa ta'uun isaanii nibeekama.

Sadarkaa Gaammee Xixiqqaatti, ijoolleen jireenya maatii keessatti bal'inaan hirmaatu. Jabbileefi horii tiksuu eegalu. Akkasumas, jila adda addaa keessatti hirmaachuufi sirboota aadaa sirbuu jalqabu. Jaarsolii waliin turuun aadaafi duudhaa Sirna Gadaa baratu. Keessumaayyuu, daa'imman dubraa hojii manaa, duudhaafi safuu haadholii isaanii irraa baratu. Ijoolleen dhiiraa immoo, hojii qonnaa, hojii tikaa, horsiisaafi mala jireenyaa garagaraa abbaa irraa baratu.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Ijoollee Gaammee Xixiqqaa ta'an maaliin adda baasuu dandeenya?
2. Hirmaannaan Gaammee Xixiqqaan jiruufi jireenya maatii isaanii keessatti taasisan maal maal fa'i?

Gaammee Xixiqqaan Sirna Gadaa keessatti itti-gaafatamummaa cimaafi walxaxaa ta'e hinqaban. Yeroo kanatti, itti-gaafatamummaa kanneen akka weedduufi jabbilee tiksuu sirnaan akka bahan gorfamu.

Sababni isaas, yoo sadarkaa kanatti itti-gaafatamummaa haala gaariin bahan boru nimilkaa'u jedhamee yaadama.

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Sadarkaa Gaammee Xixiqqaatti haalli jiruufi jireenyaa ijoolleen maatii isaanii irraa baratan maal fa'i?
2. Sirna Gadaa keessatti Gaammee Xixiqqaan jila adda addaa keessatti hirmaannaa nitaasisu (Dhugaa/Soba).
3. Gaammee Xixiqqaan sadarkaalee Gadaa meeqaffaa irratti argama?

   A. Tokkoffaa

   B. Lammaffaa

   C. Sadaffaa

Sadarkaalee Gadaa keessatti, Gaammee Xixiqqaan faaruu mataa isaa danda'e qabu. Ijoolleen sadarkaa kana keessa jiran faaruu kana faarsaa guddatu. Faaruun kunis yeroo jilli gaggeeffamu faarfatama. Bakka gara garaatti faaruu Gaammee Xixiqqaa adda addaatu jira. Fakkeenyaaf, Booranatti faaruun Mokkee jedhamu beekamaadha.



Faaruun Mokkee yeroo jilli gaggeeffamu faarfatamu haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

# Faaruu Mokkee

Hoyyoyyoo Raaba Yaayyaa,
Oohoo hoo Raabumaa
Guddannee Raaba taanee,
Oohoo hoo Raabumaa
Godaannee Yaa'a taanee
Oohoo hoo Raabumaa
Wal-argiin Gaammee taanee,
Oohoo hoo Raabumaa
Wal-garree dharraa baanee.
Oohoo hoo Raabumaa
Oohoo Mokkee, mokkee, mokkee...
Hoyyoyyoo Walee Daandoo,
Oohoo hoo Raabumaa
Walaannan daandoo kuttee,
Oohoo hoo Raabumaa
Wal-argiin daandii hurtee.
Oohoo hoo Raabumaa
Guurrattuu martii andaaraa
Oohoo hoo Raabumaa
Mokkee, mokkee, mokkee...
Hoyyoyyoo Raaba Yaayyaa,
Oohoo hoo Raabumaa
Dhageettee daawwiin yaatee.
Oohoo hoo Raabumaa
Hoyyoyyoo Daawwee Gobboo,
Oohoo hoo Raabumaa
Daawitiin mataa Raabaa,
Oohoo hoo Raabumaa
Teenna daawwii Raabaa luba.
Oohoo hoo Raabumaa
Hoyyoyyoo Faajjiin daaxxee,
Oohoo hoo Raabumaa
Guddattee suubboon daaxxe.
Oohoo hoo Raabumaa
Oohoo hoo mokkee, mokkee,
mokkee...

Suubboo areedaa,

Oohoo hoo Raabumaa

Areedaan Jaldoon sirbe.

Oohoo hoo Raabumaa

Ohoo hoo mokkee, mokkee, mokkee...

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Faaruu kana irratti hundaa'uun hawwii Gaammee Xixiqqaan gara sadarkaa itti aanutti ce'uuf qaban irratti mari'adhaa.
2. Faaruu Gaammee Xixiqqaa biroo yoo jiraate maatii gaafachuun dareetti waliif faarsaa.
3. Faaruu Gaammee Xixiqqaa kana irraa maal baratte? Maalis jaallatte?

Hiriyyummaan gulantaafi gogeessa Gadaa irratti hundaa'a. Kunis, jaalalaafi waliin jireenya ijoolleen bara Gadaa tokko keessa jiran waliin qabaniidha. Ijoolleen kunneen hiriyyaa yookiin tuuta Gadaa ta'uun gulantaalee Gadaa keessa waliin darbu. Hiriyyummaan murna ijoollee umriin walqixaafi walitti dhiyaatan hammata.





## Gaaffilee hubannoo

1. Ijoolleen bara Gadaa tokko keessa jiran maal waliif ta'u?
2. Sirna Gadaa keessatti hiriyyummaan maal irratti hundaa'ee ijaarama?

Hiriyyummaa keessatti ijoolleen hariiroo gaariifi jaalala obbolummaa waliif qabu. Oromiyaa iddoo adda addaatti ijoolleen dhiiraafi dubraa mariifi ayyaana gara garaa irratti hirmaachuun waliin kabaju . Fakkeenyaaf, ijoolleen dhiiraa mariifi ayyaana kuuchuu irratti waliin hirmaachuun kan kabajan yoo ta'u, ijoolleen dubraa immoo ayyaana ilillii waliin kabaju; waliin sirbu. Hariiroon hiriyyummaa, waliin taphachuu, wal morkachuu, wal amanuufi kanneen kana fakkaatan dabalata.



Ijoolleen  ayyaana yookiin jila irratti hiriyyaa faana wal-arganii walfaarsu. Akkasumas, duudhaa Gadaa qabatamaan waliin gaggeessu; horii waliin tiksu. Hiriyyaan wal-dhaggeeffatu; walii-abboomamu; waliif dhimmamu; yeroo rakkoos walgargaaru. Gadaa keessatti gareen hiriyyummaan ijaaraman hundi isaanii ilaalcha gaarii waliif qabu. Dabalataanis, naamusa gaarii horachaa guddatu.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Ijoolleen umrii walfakkaataa keessa jiran hariiroo akkamii waliin qabu?
2. Naannoo keetitti ijoolleen hiriyyaa ta'an gochaalee akkamii fa'a irratti hirmaatu?
3. Faayidaan hiriyyummaan qabu maal maal fa'i?
4. Dubbisa kana irraa maal baratte? Maalis jaallatte?

Sirni Gadaa karaalee adda addaatiin ijoolleen naamusa gaarii horatanii akka guddatan taasisa. Karaalee ijoollee naamusa ittiin barsiisan keessaa inni tokko immoo tapha ijoolleeti.Taphoota ijoollee naamusa barsiisan keessaa tokko tapha Booranatti "Muraa Hariyyaa" jedhamuun beekamudha. Taphni kun, gochaalee aadaa Oromoo keessatti fudhatama hinqabneefi safuu cabsan kan ittiin barsiisanidha. Ijoolleenis tapha kanaan bakka baay'atanii waliin oolanitti duudhaafi safuu Oromoo bifa taphaatiin walbarsiisu. Kun immoo, gochaalee aadaa Oromoo keessatti safuu ta'an dubbachuufi hojjachuu irraa ijoolleen akka ofqusatan taasisa.

**Gaaffii hubannoo**

Taphni Muraa Hariyyaa ijoollee maal maal barsiisa?



Taphni Muraa Hariyyaa adeemsaafi seerota mataa isaa qaba. Tokkoffaa, jechoota safuu akka aadaa Oromootti jedhamuu hinqabneefi gochaalee raawwatamuu hinqabne adda baafatu. Tokkoo tokkoon isaanii wantoota safuu, aadaafi duudhaa Oromoo cabsan irraa akka ofqusatan seera muru. Lammaffaa, nama muraa yookiin seera tumame cabsee argameef adabbiitu kaa'amaaf. Adabbiin yeroo baay'ee fudhatamu rukkuttaa salphaa kan ta'edha. Fakkeenyaaf, namni waan safuu Oromoo cabsu dubbatee argame yeroo shan rukutama.

Sadaffaa, namni muraa yookiin seera tumame hojii irra oolchu miseensa hariyyaa keessaa nifilatama. Namni kun abbaa harcummee jedhama. Abbaan harcummee nama seera cabse bifuma itti waliigalame sanaan adaba.

Adabbiin kun bu'uura seera waliigaltee ijoolleen Gadaa tokko keessatti argaman lafa kaa'ataniin raawwatama. Miseensi hariyyaa seera cabse adabbii diduu hindanda'u. Adabbii rukuttaa salphaa irratti fudhatamuun dallanee miira keessa hinseenu. Yoo adabbii abbaa harcummee dide yookiin kan dallanu ta'e, miseensi guutuun tarkaanfii irratti fudhata. Kanaafuu, Muraa Hariyyaa kabajuufi ittiin buluun dirqama ta'a.

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Namni seera Muraa Hariyyaa yookiin tumaa cabse maal ta'a?
2. Ijoolleen Muraa Hariyyaa cabsan murtii itti kennamu maaliif fudhatu?
3. Tapha Muraa Hariyyaa irraa maal baratte?

# Boqonnaa 6 Halaqanaa

Oromoon dhangaalee aadaa hedduu qaba. Isaan keessaa inni tokko Halaqanaadha. Halaqanaan nyaata aadaa Oromoo keessaa tokko yoo ta'u, bakka gara garaatti maqaalee adda addaatiin beekama. Fakkeenyaaf, Qorii, Kochee, Burqumsaafi kanneen kana fakkaatan jedhamees waamama.



Halaqanaan wanta irraa qophaa'uufi adeemsa ittiin qophaa'u qaba. Jalqaba irratti, garbuun soramee, jiifamee findigama. Itti aansuun, akaa'amee sheerumama. Sana booda, dhadhaa baqsaan walitti makamee/shukkuumamee qophaa'a.

Nyaanni aadaa kun sababoota ittiin qophaa'uufi wanta ibsu qaba. Halaqanaan, yeroo Gubbisa ilma hangafaafi maq-baasa ilma maandhaa niqophaa'a. Kana malees, yeroo firoottan aantee waldubbisuuf walitti dhufan qophaa'ee dhiyaata. Akkasumas, nama balaan irra gahe, dubartii deesseefi ijoollee dhiiraa dhaqna qabatan halaqanaa qopheeffachuun bira dhaqanii dubbisu. Dabalataan, namoota nageenya ummataafi daangaa eeguuf duulaniifis qophaa'ee akka galaatti kennama.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Halaqanaan maal fa'a irraa qophaa'a?
2. Dhangaan halaqanaa yoom qophaa'a?

Halaqanaan nyaata aadaa yeroo dheeraaf turu ta'ee, hawaasa keessatti waan adda addaa agarsiisa. Oromoo biratti namni nyaata Halaqanaa yookiin Qorii namaaf fide ulfinaafi kabaja guddaa qaba. Kunis, halaqanaan aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qabachuu agarsiisa.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Nyaatni halaqanaa naannoo keetti maal jedhamee beekama?
2. Halaqanaan baqsaa dhadhaafi garbuu irraa qophaa'a (Dhugaa/Soba).
3. Nyaatni Halaqanaa dhimmoota akkamiif qophaa'a?

   A. Firoota fageenya irra jiran dubbisuuf

   B. Dubartii deesse dubbisuuf

   C. Ijoollee dhiiraa  dhaqna qabatan gaafachuuf

   D. Jiloota adda addaaf

   E. Hunduu deebiidha

Oromoon horii horsiisuun beekama. Horii irraa bu'aalee adda addaatu argama. Isaan keessaa inni tokko dhadhaadha. Dhadhaan aadaa Oromoo keessatti wantoota woyyuu ta'an keessaa isa tokko ta'ee wantoota adda addaa agarsiisa. Kunis, Gadaa keessatti dhadhaan, eebba, jiidha, nageenya, qabbana, hormaataafi kanneen kana fakkaatan agarsiisa.



Dhadhaan eebbaafi muuda jila adda addaa gaggeessuu keessatti baay'ee barbaachisaadha. Akkasumas, yeroo kabaja ayyaana Ateeteefi dubartii deessuu eebbisan nigargaaramu.

**Gaaffii hubannoo**

Dhadhaan jila adda addaa keessatti maaliif barbaachise?

Oromoo biratti muudni sirnoota adda addaa dhadhaan alatti hinraawwatamu. Qaalluun dhadhaa dibuun yookiin muuduun eebba raawwata. Akkasumas, Oromoon gaa'ela ijoollee isaa irratti dhadhaa mataa dibuun eebbisee fuusisa yookiin heerumsiisa. Kunis, dhadhaan jaalalaafi qabbana qabaachuu isaa agarsiisa.

Kana malees, dhadhaan, akka mallattoo miidhaginaafi qulqullina dubartootaatti fudhatama. Akka duudhaa Oromootti dubartii mataan dhadhaa dhabe 'mataan addaate' jedhama. Kunis, mataan goge, dhadhaa barbaada jechuufi.

**Gilgaala** **Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Aadaa Oromoo keessatti dhadhaan maal agarsiisa?
2. Dhadhaan wantoota wayyuu ta'an keessaa isa tokkodha (Dhugaa/Soba).
3. Naannoo keetti dhadhaan maal maaliif dhimma itti bahama?



Sirna Gadaa keessatti mijuun waan dhangala'aa Oromoon jilaaf qopheeffatudha. Innis, kanneen akka aannan, buqurii, bookaafi kanneen kana fakkaatan irraa qophaa'a. Oromoon waan guutuu ta'e waan jaallatuuf yeroo hunda mijuun meeshaa ittiin dhuganitti guutamee dhiyaata.

Mijuun yeroo jila baallii walitti kennuu, cidha Gadaa, fuudhaafi heerumaafi ayyaana adda addaa irratti dhiyaata. Akkasumas, mijuun yeroo dubra kaadhimachuuf yookiin kadhaa dubraa deeman dhiyaatee unama. Dabalataanis, yeroo ateeteefi dhawaa-dhibaayyuu mijuutu dhiyaatee dhibaafama. Oromoo biratti mijuun woyyuudha. Dubartiin mijuu qabattee deemtu aadaa Oromoo keessatti ulfinaafi kabaja guddaa qabdi.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Oromoon yeroo akkamii mijuu qopheeffata?
2. Mijuun maal maal iraa qophaa'a?

Gadaa keessatti, mijuun nageenya, araara, quufa, gabbinnaafi hormaata agarsiisa. Oromoon nageenyaafi walitti dhufeenyi gaariin isaan jidduu akka jiraatuuf mijuu wal-unachiisuufi lafatti dhibaasuun Waaqa isaa kadhata. Gosa jidduutti dallansuufi walitti bu'iinsi yoo uumame mijuu unachiisuun araara buusa.

Akkasumas, Gadaa keessatti mijuun hormaata ni agarsiisa. Oromoon namoota uumamaan ilmoo godhachuu hindandeenye, mijuu facaasuufi unachiisuun akka ilmoo argatu Waaqa kadhataaf. Kana malees, mijuun tokkummaafi waliin jireenyaas agarsiisa. Oromoo jidduutti walitti dhufeenyi gaariifi nageenyi akka jiraatu waan taasisuuf mallattoo araaraati jedhamee fudhatama.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Mijuun maal fa'a agarsiisa?
2. Oromoon namoota mijuu unachiisuun/dhamdhamsiisuun walitti araarsa (Dhugaa/Soba).
3. Akka duudhaa Oromootti Mijuun dhimmoota akkamiif dhiyaata?

A. Ateetee bulfachuuf

B. Yeroo dhibaayyuu

C. Nama dhala dhabeef

D. Hunduu deebiidha.

# Boqonnaa 9 Galaa

Galaan nyaata aadaa Oromoon yeroo imala deemu qabatee deemudha. Oromoon yeroo imala deemu haaluma dheerinaafi gabaabina turtii isaatiin dursee galaa qopheeffata. Galaan qophaa'us gosa nyaataa yeroo dheeraa turuu danda'u yoo ta'u, kanneen akka finiina, cuukkoo, shakaka, halaqanaa, surreefi kan kana fakkaatan beekamoodha.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Nyaatni galaa ta'uu danda'u maal maal fa'a?
2. Galaan yeroo akkamii qophaa'a?

Akka duudhaa Oromootti galaan kophaa hin nyaatamu. Namootni imala waliin deeman galaa waliin nyaatu. Galaan quufaaf hin nyaatamu. Namootni imala dheeraa deeman galaa qusataa nyaatu. Kanaaf, Oromoon "Otoo karaa hinfixin, galaa hinfixan!" jechuun qusannoo galaa ibsa.

Namoonni yeroo imala bahan galaa waliin nyaachuun isaanii jaalalaafi waliif yaaduu gidduu isaaniitti uuma. Kanuma irraa ka'uun, Oromoon "namni waliin nyaate garaa walnyaata" jedhee mammaaka. Kanaaf, galaa waliif qooduufi waliin nyaachuun hawaasa giddutti jaalalaafi wal-amantaa uuma. Akkasumas, jireenya hawaasummaa cimsuufi rakkoo nama mudatu jala darbuufis nigargaara.

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Aadaan waliin nyaachuu maaliif akka guduunfaa waadaatti ilaalama?
2. Galaan akkamitti walitti dhufeenya cimsuu danda'a?
3. Kan galaa ta'e isa kamiidha?

   A. Finiina   C. Cuukkoo

   B. Halaqanaa   D. Hunduu deebiidha
4. Kamtu galaa hin ibsine?

   A. Galaan quufaaf hin nyaatamu   C. Galaa qusataa nyaatu

   B. Galaan kophaa nyaatama   D. Galaan imalaaf qophaa'a
5. Naannoo keetti nyaatni galaaf ta'u kan akkamiiti?

# Boqonnaa 10 Farda

Sirna Gadaa keessatti fardi kabajaafi kunuunsa adda ta'e qaba. Oromoon bakka tokko tokkotti jaalala fardaaf qabu irraa kan ka'e akka dhala namaatti ilaaluun fardaan waamama. Fakkeenyaaf, Abbaa Booraa, Abbaa Daamaa, Abbaa Mogol, Abbaa Bulloo, Abbaa Bororaafi kanneen kana fakkaatan jedhamuun waamama.



Fardi jila Gadaa adda addaa gaggeeffamu irratti gahee guddaa qaba. Jilootni Gadaa keessatti gaggeeffaman baay'een isaanii fardaan faayamanii dhiyaatu. Fakkeenyaaf, yeroo jila baallii dabarsuu, jila dhawaa-dhibaayyuufi jila raaba garmaamuu fardaan faayanii gaggeessu. Dabalataanis, bakka hundatti fuudhaafi heerumni fardaan faayamee gaggeeffama.

Kan biraa, fardi akkuma dhala namaatti abbaaf ajajama. Fardi Yoo abbaan irraa kufee miidhaame gatee biraa hindeemu. Kanaaf, Oromoon farda akka dhala isaatti ilaaluun kunuunsa guddaa taasisaaf.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Fardi jila akkamii fa'a keessatti faayamee dhiyaata?
2. Oromoon maaliif farda jaallata?

Gadaa keessatti fardi seera mataa isaa qaba. Seerri fardaa kunis bakka tokko tokkotti Seera Arreedaa Gama Guduruu yemmuu jedhamu bakka birootti immoo, seera fardaa yookiin seera golaa jedhamuun beekama. Kunis, namni tokko eeyyama abbaa malee farda nama biroo yoo yaabbate seeraan adabama. Kana malees, namni farda sirnaan hinsoorre yookiin hinkunuunsine ni-adabama. Akkasumas, namni farda ajjeese akka dhala namaa ajjeesetti gumaa baasa yookiin gumaa kaffala.

Oromoon gaafa waraanni jiru fardaan duula yookiin lola. Yeroo akkanaa farda gulufsiisaa geeraruun miira gootummaa ittiin ibsata.

Kana malees, namni beekkamaafi goota ta'e yoo du'e fardaan garmaamuun sirna awwaalchaa raawwata. Walumaagalatti, fardi Oromoo biratti kabaja guddaa qaba.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Oromoo jaalala fardaaf qabu akkamiin ibsata?
2. Oromoo biratti fardi maaliif akka ilma namaatti ilaalama?
3. Seera fardaa kan ta'e isa kami?
   A. Yoo ajjeesan gumaa kaffaluu
   B. Hayyama abbaa fardaa malee yaabbachuu dhiisuu
   C. Lachuu deebiidha
4. Oromoon maaliif farda kabaja?

# Boqonnaa 11 Faaruu Fardaa

Gadaa keessatti Oromoon fardaaf kabajaafi jaalala guddaa qaba.

Mararteefi jaalala fardaaf qabu faaruu garagaraatiin ibsa. Isaanis:

Isha-goolle, yaa-bullookoo, Hoyoo Ee Macaafi kanneen kana

fakkaatanidha. Isaan keessaa faaruun Hoyoo Ee Macaa jedhu akka

itti aanutti dhiyaatee jira.



## Hoyoo Ee Macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa...X2

Aayyoo isaa Siinqee sibiilaa ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Aabboo isa Lichoo sibiilaa ee macca

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Gugurdaa Harankaa Kiroo ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Gugurdaa kan Salloo Raachoo ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Gugurdaa Jaarsoo Samaloo ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Fardi akka Qeerransaa koquu ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Kan akka Qeerroo roqomuu ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Kan akka goota dhaadatu ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Kan akka gannaa dhaabatu ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Maca akka xiyyaa sarbisu ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Maca akka Ilaada daagalee ee macaa
Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa
Maca akka Xuyyuuraa mare ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Farda kiyyoo eegeen hacaacoo ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Warra fardaa Waaqii badhaasee ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Aayyoo tee Tayyiin handaaraa ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa

Maca aabboon fardaan facaasaa ee macaa

Hayya hoo baallii hoyoo ee macaa…x3

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Oromoon maaliif farda faarsa?
2. Faaruu armaan olitti dhiyaate irraa maal hubatte?

# Boqonnaa 12 Kallachaafi Caaccuu

Sirna Gadaa keessatti Kallachaafi Caaccuun mi'oota ulfoo isaan gurguddoodha. Kallachi akaakuu lama qaba. Isaanis: Kallacha Dhugoofi Alkoo jedhamu. Kallachi dhugoo sibiila irraa kan hojjetamu yoo ta'u, Alkoon ammoo Ilkee Arbaa irraa hojjatama. Kallachi hinyuubomu waan ta'eef abbaa irraa ilmatti darba. Kunis, Kallachi kabaja guddaa akka qabu agarsiisa. Namni Kallacha addatti hidhate waan safuu cabsu hinhojjetu yookiin hindubbatu. Akkasumas, hindheekkamu; meeshaalee miidhaa dhaqqabsiisan yookiin qara qaban kan akka waraanaa niqabatu.



## Gaaffilee hubannoo

1. Kallachi maal irraa hojjetama? Gadaa keessatti hoo maal agarsiisa?
2. Kallacha namoota akkamiitu hidhata?

Kallacha kan hidhatu nama hunda miti. Kallacha Abbaa Gadaa, Qaalluu, Gadaammoojjiifi Dooriitu hidhata. Namni Abbaa Gadaa ta'u Kallacha adda irratti hidhachuun waadaa seena. Kallacha kan hidhuuf immoo haadha warraa isaati. Kallachi kan hidhatamu guyyaa muuda Qaalluu, dhibaayyuu, baallii walitti dabarsan, yeroo gadaammoojjummaafi jilli Odaa gaggaffamudha.

Akkasumas, Kallachi yeroo gosa walitti araarsan nihidhatama. Namni wal-lolee araaramuu yoo dide Kallacha hidhatanii araarsu. Namni kallachaan kadhatamee hindidu. Kallachi Waaqaa gaditti mi'a ulfoofi kan safeeffatamuudha.

Caaccuun immoo Sirna Gadaa keessatti mi'a ulfoo dubartiin hidhattudha. Caaccuun gogaa goromsaa irraa elellaan sagal sagaliin tarree galee tolfama. Dubartoonni Oromoo Caaccuu hidhatanii araara, nagaa, rooba, fayyaafi hormaataaf Waaqa kadhatu.

Dubartiin haadha Caaccuu taatee filatamtu ishee Gadoomtedha. Haati Caaccuu safuufi aadaa Oromoo kan kabajjudha.

Dabalataan, meeshaan ulfoo biroo Bokkuudha. Bokkuun waddeessa irraa kan tolfamu yoo ta'u, mallattoo aangooti. Innis, bifa lama qaba. Bokkuu gurraachaafi Bokkuu diimaa jedhamee beekama. Oromoon seera tumate Bokkuun mirkaneessa.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Kallachi guyyaa akkamii hidhatama?
2. Caaccuu eenyutu hidhata?
3. Namni wal-lolee yoo araaramuu dide Caaccuufi kallacha hidhatanii walitti araarsuun maal agarsiisa?
4. Mi'a ulfoo Gadaa kan ta'e isa kami?

   A. Caaccuu

   B. Kallacha

   C. Bokkuu

   D. Hunduu deebiidha

# Boqonnaa 13 Illaansoo/Ulmaa

Sirna Gadaa keessatti dubartiin Wayyoomaafi kabaja ol'aanaa qabdi. Kanuma irraa ka'uun kunuunsa addaatu isheef taasifama. Kunuunsi kun immoo yeroo isheen deessetti dachaan dabalama.

Dubartiin deesse bakka gara garaatti maqaa adda addaatiin waamamti. Bakka tokko tokkotti Illaansoo yoo jedhamtu bakka birootti ammoo Ulmaa jedhamti. Illaansoon dahuu ishee agarsiisuuf qanafaa jalqaba adda irratti, booda ammoo morma irratti gadi buufachuun hanga ji'a jahaatti hidhatti. Qanafaan shaamee/callee, muka, soofafi dhihee irraa kan hojjetamu yoo ta'u, innis wayyooma, ulfinaafi kabajaa dubartii deessee agarsiisa.



Dubartiin Illaansoo yookiin ulmaa taate, hawaasa naannoo ishee jirufi ollaa biratti kunuunsaafi kabaja addaa qabdi. Bakka hundatti dursatu kennamaaf. Fakkeenyaaf, iddoo cidhaa, bishaan waraabbiifi tajaajila hawaasaa kamiyyuu keessatti dabaree hin-eegsisan. Sababni isaas: tokkoffaa, dhihoo waan deesseef yeroo dheeraa dhaabbattee eeggachuu hindandeessu jedhamee waan yaadamuufi. Lammaffaa, daa'imni manatti dhiiftee dhufte waan jalaa boossuuf daftee akka manatti deebituuf yaadameeti.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Sirna Gadaa keessatti qanafaan maal agarsiisa?
2. Deessuuf kunuunsaafi kabajaan addaa maaliif taasifama?

Deessuun yoo mana firaafi ollaa seente nyaachisanii, obaasanii, dhadhaa muudanii baasu malee akkasiin gadi hinbaasan. Waan barbaadde yoo balleessites abbaan warraa itti hindheekkamu yookiin hindhaanu. Garuu, yoo dhaane dubartoonni siinqee qabatanii "dhaltii mucha aannanii tiyya dhaananii!" jechaa itti bahuun akka adabamu taasisu.

## Gilgaala

**Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Qanafaa dubartiin kamiyyuu hidhachuu dandeessi (Dhugaa/Soba).
2. Dubartii qanafaa hidhatteef kunuunsa akkamiitu taasifama?
   A. Iddoo hundatti dursatu kennamaaf
   B. Mana namaa yoo deemte dhadhaa muudu
   C. Lameenuu deebiidha.
3. Oromoon dubartii qanafaa hidhatte maaliif kunuunsaafi kabaja addaa kennaaf?

# Boqonnaa 14 Qondaala

Gadaan caasaa nageenya hawaasaa ittiin eegu qaba. Caasaan kunis Abbaa Duulaan hoogganama. Abbaa Duulaa jalatti namootni nageenya haawasa naannoo isaanii eegan heddutu jiru. Namoota kanneen keessaa tokko Qondaala jedhama. Qondaalli tika nageenya hawaasa naannoo keessatti adda durummaan hirmaata. Qondaalli nama goota, kan waan jabaa hojjate, kabajaafi ulfina guddaa qabudha. Dabalataanis, Qondaalli abbaa mirgaati.



Qondaalli hawaasa keessatti gahee adda addaa qaba. Isaan keessaa inni duraa, hawaasni naannoo nagayaan bahee akka galu gochuudha. Kana jechuun, hawaasa naannoo irratti miidhaan qaamolee adda addaatiin akka hinraawwatamneef eegumsa taasisa. Akkasumas, dhala namaafi qabeenya hawaasaa irra miidhaan akka hindhaqqabne ittisa. Dabalataan, hawaasa gurmeessuun nageenyaafi qabeenya isaanii akka eeggatan taasisa.

Kana malees, hawaasni dhimma adda addaa irratti yoo waldhabe ni-araarsa. Akkasumas, yeroo jilli gaggeeffamu geerarsa gootummaa geeraruun gootummaa isaa ibsa.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Qondaala jechuun maal jechuudha?
2. Gaheen Qondaalaa maal fa'i?

Qondaalli faayaafi mallattoowwan gara garaa namoota biroo irraa adda isa taasisu qaba. Isaan keessaa, dunfurri mataa isa tokkodha. Dabalataan, mataa irratti Warraaqaa yookiin Baalguda yoo hidhatu; gurra irratti Machallaa yookiin Lootii godhachuun beekama.

Akkasumas, morma irratti Maracoo yookiin Marxaa yoo keewwatu irree irratti immoo Irboora godhata.

Oromoon Qondaalaaf kabajaafi jaalala guddaa qaba. Jaalalaafi kabaja isaa kanas akka armaan gadiitti faaruun ibsata.

Qondaala Irree Harbooraa
Ilaal Kolbaafi Lootii gurrarraa
Akka irraa bareedu elellaaf gunfura
Ariitiin koottu miidhagii bololiyaa
Si eegaa jirraa gammachuun ragadaa.

Qondaala Irree Micciirraa
Kabaja qabda hundarraa
Fooggalii dhiichisi dardaraa
Faacha kee mirmirsii sabarra
Bultu olkeessa manarra
Booreen sitti hindeebitu kanarra.

Qondaala yaa gameeessaa

Mandiyaa finna keessaa

Gaafa xiiqii kan akka Qeeramsaa

Bareeddee mul'atta hunda keessaa

Naaf dhuftaa guyyaa walakeessaa?

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Qondaalli Oromoo biratti akkamitti ibsama?
2. Mallattooleefi faayi Qondaalli ittiin beekamu maal fa'i?
   A. Dunfura
   B. Harboora
   C. Warraaqaa yookiin Baalguda
   D. Machallaa yookiin Lootii
   E. Hunduu deebiidha
3. Gahee Qondaalaa kan ta'e isa kami?
   A. Nageenya hawaasaa eeguu
   B. Namoota waldhaban araarsuu
   C. Hawaasni nageenya akka eeggatu gochuu
   D. Hunduu deebiidha

# Boqonnaa 15 Haadha Siinqee

Sirna Gadaa keessatti dubartoonni ga'ee adda addaa bahatu. Isaan keessaa inni tokko haadha siinqee ta'anii tajaajiluudha. Haadha Siinqee jechuun, dubartii bakka dubartootaa buutee dhimmoota adda addaa akka raawwattuuf saddeeta dubartootaatiin filatamtuudha. Dubartiin bifa kanaan filatamtu ammoo, dubartoota naannoo sanaa keessaa umriin hangafa taateefi beekumsa Sirna Gadaa qabdudha.



Dubartiin haadha Siinqee taatee filatamtu hawaasa naannoo keessatti naamusa gaarii kan qabduufi dubartoota biroof fakkeenya gaarii ta'uu dandeessudha. Akkasumas, mirgaafi faayidaa dubartootaa kabachiisuuf fedhiifi kaka'umsa guddaa kan qabdudha.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Haadha Siinqee jechuun maal jechuudha?
2. Haati Siinqee ulaagaa maalin filatamti?

Haati Siinqee hawaasa keessatti gahee guddaa qabdi. Kunis, Sirna Gadaa keessatti dubartoota mirga, dirqamaafi haala jiruufi jireenya hawaasa keessatti isaan irraa eegamu barsiisuudha.

Gama birootiin, haati siinqee hawaasa keessatti itti-gaafatamummaa baay'ee qabdi. Isaan keessaa inni duraa, yeroo mirgi dubartootaa sarbame ariitiin iddoo rakkoon sun uumamatti argamuudha. Sana booda, haaluma seera Gadaa keessatti tumameen akka raawwatamu gochuudha. Inni biroo ammoo, Abbaa Gadaa wajjiin ta'uun dhimmoota hawaasaafi diinagdee keessatti qooda fudhachuudha.

Akkasumas, wantoonni mirga dubartootaa sarban hawaasa keessatti yoo mul'atan seera Siinqeen furmaata akka argatan taasisuudha.

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Hawaasa keessatti haati Siinqee gahee akkamii qabdi?
2. Dubartii akkamiitu haadha Siinqee ta'uu danda'a?

   A. Hawaasa keessatti kaka'umsa kan qabdu

   B. Aadaa hawaasaa kan beektu

   C. Umriin hangafa kan taate

   D. Hunduu deebiidha

# Boqonnaa 16 Irreecha/Dhibaayyuu

Gadaa keessatti ayyaanota kabajaman heddutu jiru. Isaan keessaa inni tokko Irreecha yookiin Dhibaayyuudha. Irreechi ayyaanota gurguddoo Oromoon kabaju keessaa isa tokko ta'ee bakka tokko tokkotti Dhibaayyuu jedhamee beekama.

Irreechi ayyaana Oromoon Waaqa itti galateeffatuudha. Fakkeenyaaf, milkaa'ina, nageenyaafi tasgabbii bara sana keessa argateef Waaqa galateeffata. Hawwiin gara fuulduraatti qabu akka dhugoomuufis irreeffannaa irratti Waaqa kadhata.



## Gaaffilee hubannoo

1. Duudhaa Oromoon Waaqaaf galata galchu kan irraa maal hubatte?
2. Ayyaanni Irreechaa maaliif kabajama?

Irreechi bakkaafi waqtii itti kabajamu irraa ka'ee akaakuu lama qaba. Isaanis: Irreecha Malkaa kan yeroo Birraa kabajamuufi Irreecha Tulluu kan waqtii Arfaasaa kabajamuudha. Irreechi Tulluu yeroo bona irraa gara gannaatti ce'amu kabajama. Milkaa'ina waqtii bonaa galateeffachaa roobni yeroon akka deebi'uuf hawwii ganna fuula dura isaa jiru uumaa kadhata.

Irreechi Malkaa ammoo, Waqtii Birraa kan kabajamuudha. Irreechi Malkaa kun waqtiin gannaa darbee gara Birraatti yemmuu ce'amu kabajama. Innis, walakkeessa ji'a Fulbaanaa booda horaafi laga irratti irreeffatama. Oromoon "Waaqa dukkana gannaa nu baaftee booqa birraa nu argisiiste galanni si haaga'u" jechuun malkaatti bahee Waaqa isaa galateeffata. Sirni galteeffannaa malkaa, eebba abbootiin Gadaafi Abbootiin Malkaa hangafaafi quxisuun walduraa duubaan taasisaniin jalqabama.

Itti aansuun, marga jiidhaafi daraaraa birraa horatti yookiin bishaanitti cuubuun irreeffatu.



Oromoon ayyaana Irreecha Hora Harsadiifi Hora Finfinnee waggoota dheeraaf ayyaaneffachaa har'a gahee jira. Ayyaanni Irreecha Hora Harsadii dur irraa jalqabee osoo adda hincitin kabajamaa jira. Haata'u malee, Irreechi Hora Finfinnee waggoota dheeraaf erga addaan citee booda bara 2012/2019 irraa eegalee irreeffatamuu jalqabee jira. Walumaagalatti, irreechi/dhibaayyuun kan Oromoon malkaafi tulluutti bahee tokkummaadhaan uumama qabatee uumaa itti galateeffatuudha.

## Gilgaala

### Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Irreechi yeroo akkamii keessa irreeffatama?
2. Ayyaanni Irreechaa uumaa galateeffachuuf gaggeeffama (Dhugaa/Soba).
3. Irreechi Tulluu yeroo kam keessa kabajama?
   - A. Arfaasa
   - B. Birraa
   - C. Bona
4. Irreechi Malkaa waqtii kam kabajama?
   - A. Arfaasa
   - B. Birraa
   - C. Bona

# Boqonnaa 17 Faaruu Irreechaa/Dhibaayyuu

Ayyaana Irreechaa irratti faaruu faarfataman adda addaatu jira. Isaan keessaa muraasni Mareehoo, Gabbisayyoo, Rooban Siigaleefi kanneen kana fakkaataniidha.



**Mareehoo**

Faaruun Mareehoo jedhamu namoota ayyaana Irreechaa irratti hirmaataniin faarfatama. Namni tokko dura bu'ee faaruu mareehoo jechaa adeema. Kanneen biroo immoo, irra deddeebiin jalaa qabuun Mareehoo Mareehoo Mareehoo…jechaa gara horaatti adeemu. Innis, haala itti aanuun faarfatama.

Hoo yaa mareehoo

Irreechan harkaa qaba yaa maree hoo

Mareehoo x 2

Hoo yaa mareehoo

Yaa Waaq nutti araarami yaa maree hoo

Mareehoo x2

Hoo yaa mareehoo

Irreecha duraa oba haa maree hoo!

Mareehoo x2

Hoo yaa mareehoo

Sumaafan badii oole yaa maree hoo

Mareehoo x2

Hoo yaa mareehoo

Yaa Waaqa tulluu uumtee yaa maree hoo

Mareehoo x2

Hoo yaa mareehoo

Yaa Waaqa birraa uumtee yaa maree hoo!

Mareehoo x2

Hoo yaa mareehoo

Maree fardi hindalagu yaa maree hoo

Hoo yaa maree hoo!

Hoo yaa mareehoo jechuun Irreechi ayyaanefatama

## Roobaan Siigale

Faaruun Rooban Siigalee Booranaafi Gujiitti baay'ee beekamaadha.

Faaruun kun yeroo Dhibaayyuu akka armaan gadiitti faarfatama.

Aa hoo rooban siigalee...X2

Jiloo Waaree Waaqoo, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Waareen ganna misaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Ta bonaa furmaataa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Furmaatii roobinnaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Roobee lolaasinnaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Lolaa obaasinnaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Madda gabbisinnaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Biiftuun rooban baatee, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Urgoon ardaan baatee, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Areero gooroo yooyyaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Rimeeyyiin dallootaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Canaa baallii kuulaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee

Dhaltii gurruu tuutaa, rooban siigalee

Aa hoo rooban siigalee.....

## Gabbisayyoo

Faaruun Irreechaa Gabbisayyoo jedhu faaruu manguddoon faarsaniidha. Faaruu kana namni tokko yoo eegalu kanneen biroo ammoo irra deddeebiin jalaa qabu. Innis, akka itti aanuttii faarfatama.

Gabbisayyoo hoo...hoo

Hayyee roobee leeshaan sobbooqa daraare

Roobee lafa nuu gahehoo

Ya Waaq situ nuu naheehoo.

Hayyee roobee roobee gabbise

Odaan nabee dalga lohe hoo

Karraaf ilmoon sitti boohee hoo

Hayyee roobee roobee ayeetuu kanaa

Odaa qaccee dalga ciise hoo

Karraaf ilmoo sittan dhiise hoo

Hayyee roobee leeshan sobboqa daraaree

Gadaankoo godaansi odaa hoo

Oromoo arrabni hoodahoo

Hayyee roobee roobe ayeetuu kana

Gabbisayyoo hoo...hoo...

Hayyee roobee roobee haroo garba gate

Roobee magarsee qaxxisaan latehoo

Roobee gabbisee falfalaan badehoo

Aadaan hoodaa kallachi hoodaa Waaqlafaa

Irranaa Cuqqeen ni mul'atahoo

Oromoon Waaqaan dubbata hoo

Odaan hoodaa kallachi hooda booranaa

Dambalii birbirsi latehoo

Roobee falfalaan badehoo

Odaan hoodaa birbirsi hooda Booranaa

Odaa nabee yaa kurfaakoo hoo

Gadaa Aabboo yaa ulfaakoo hoo

Hayyee roobee roobee ayeetuu

jechuun guyyaa ayyannefannaa Irreechaa farfaatama.

**Gilgaala** **Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Kanneen armaan gadii keessa faaruu Irreechaa kan ta'e isa kami?
   A. Gabbisayyoo
   B. Roobaan Siigale
   C. Mareehoo
   D. Hunduu deebiidha
2. Faaruun Irreechaa Mareehoo jedhu maal agarsiisuuf faarfatama?
   A. Irreechi waggaa waggaan naanna'ee dhufuu isaa
   B. Bacaqii gannaa irraa booqaa biraatti ce'uu
   C. Lameenuu deebiidha

3. Faaruu Irreechaa/dhibaayyuu kanarraa maal hubatte?

4. Faaruun dhibaayyuu 'Rooban Siigalee' jedhu Oromiyaa keessaa eessatti beekama?

# Boqonnaa 18 Guddifachaa

Gadaa keessatti Oromoon karaalee ittiin nama firoomsatu qaba. Isaan keessaa inni tokko guddifachaa jedhama. Gadaa keessatti guddifachaan sababoota adda addaa irraa ka'ee raawwatama. Sababni tokko, dhala dhabuudha. Namni dhala dhabe tokko fira dhiyoo irraa daa'ima fudhatee yoo guddifatuudha. Sababni lammataa, daa'imman sababa adda addaatiin lafaa argaman yookiin ilma mixii fuudhanii guddifachuudha.

Kana malees, Oromoon daa'imman sababa adda addaatiin maatii dhabanis duudhaa kanaan ofitti fudhatee guddifata. Kanaaf, guddifachaan fiixaa nama tokkoo itti fufsiisuufi kabaja ilmoo namaa tiksuuf Oromoo biratti bal'inaan gaggeeffama.

**Gaaffilee hubannoo**

1. Guddifachaan sababa maaliif raawwatama?
2. Oromoon daa'imman akkamitti ilaala?

Gama birootiin, guddifachaan sababa dhala dhabuu irraa ka'uun gaggeeffamu adeemsa mataa isaa qaba. Kunis, namni daa'ima fudhatee guddifachuu barbaadu tokko manguddoo warra daa'ima sanaatti ergata. Manguddoonis, akkuma duudhaa Gadaatti Kallachaafi Caaccuu hidhatanii maatii daa'ima sanaa hayyama gaafatu. Kallachaafi Caaccuun mi'a ulfoo Gadaa waan ta'aniif warri daa'ima sanaatis hindidan; walmari'atanii kennuufi. Maatiin daa'ima fudhatanis akka dhala isaaniitti ilaaluufi guddisuuf waadaa seenu. Daa'imman hayyama maatiin guddifannaaf kennaman kunneenis warra isaan guddise ni kabaju; akka abbaafi haadhaattis ilaalu.

Gadaa keessatti Guddifachaan namootni dhala hinqabne akka hamileen isaanii hintuqamneefi kan isaan sooru akka hindhabneef gahee ol'aanaa qaba. Akkasumas, namoota dhala dhaban qacceen isaanii akka hincinne taasisuun hariiroo hawaasummaa ijaara. Oromoon seera firoomfannaa kanaan dhala namaa sabaan osoo adda hinbaasin mirgi namoomaa akka kabajamuuf taasisa. Daa'imman guddisaaf kennaman kunis mirgaafi gahee walqixa ta'e ilmaan gudeedaa waliin qabu.

Gabaabumatti, Oromoon duudhaa firomfannaa kanaan ollaa waliin hariiroofi walitti dhufeenya gaarii uumee jiraata. Duudhaan kun saboota adda addaa walqixa waan ilaaluuf aadaa waliin jireenyaa dagaagsuu keessatti iddoo ol'aanaa qaba.

**Gilgaala** Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Guddifachaan sababa dhala dhabuutiif taasifamu adeemsa akkamiin gaggeeffama?
2. Guddifachaan faayidaa maalii qaba?
3. Aadaan guddifachaa Oromoo sabaafi saala addaan hinbaasu (Dhugaa/Soba).
4. Namni dhala hinqabne daa'ima ofitti fuudhee maaliif guddifata?

   A. Qacceen isaa akka hincinneef

   B. Kabaja mirga namoomaaf

   C. Lameenuu deebiidha.

## Jechibsoo

| | |
|---|---|
| abbaa duulaa | sirna gadaa keessatti itti gaafatamaa nageenyaa |
| abbaa gadaa | bulchaa biyyaa, |
| ardaa jilaa | qubsuma miseensota Gadaa |
| ateetee | galateeffannaa |
| ayyaana ilillii | ayyaana ijoolleen dubraa hariyyaa ta'an gareen kabajan |
| ayyaana kuuchuu | ayyaana ijoolleen dhiiraa hariyyaa ta'an gareen kabajan |
| baallii | mallattoo aangoo |
| bololiyaa | saffisaa |
| booka | dhugaatii aadaa damma irraa qophaa'u |
| booree | xiiqii, haloo |
| buqurii | dhugaatii aadaa garbuu irraa hojjatamu |
| caaccuu | meeshaa ulfoo dubartiin godhattu |
| canaa | maqaa mukaa |
| dabballee | ijoollee gulantaa gadaa 0-8 keessatti argaman |
| dambii | seera ittiin bulmaataa, waliigaltee |
| dhangaa | nyaata |
| dhibaayyuu | sirna galateeffannaa, kadhaa |
| dunfura | rifeensa mataa dheeraa, gootummaa agarsiisuuf |
| duudhaa | ittiin bulmaata, safuu, hooda |
| faacha | meeshaa abbaa mirgummaa qondaalaa agarsiisu |

| | |
|---|---|
| faajjii | alaabaa |
| findigamee | mooyyeetti tumamee |
| finna | ilma, mucaa, |
| fooggaluu | dhaadachuu |
| gadaamoojjii | dulloomanii gogeessa Gadaa keessaa bahuu |
| gadoomuu | aangoo fudhachuu |
| galaa | nyaata yemmuu imala deeman qabatan |
| galma jilaa | gosee baallii |
| gogeessa gadaa | paartii gadaa |
| gubbee | walakkaa sammuu |
| gubbisa | jila moggaasa maqaa ilma hangafaaf taasifamu |
| guduruu | rifeensa mataa hinhaaddamin; |
| hacaacoo | adaadii |
| handhuuraa | kennaa dhuunfaa; kennaa cilichaa |
| illaansoo/ulmaa | dubartii deesse |
| jila | ayyaana, tolfannaa |
| kallacha | mi'a ulfoo Abbaan Gadaa addatti hidhatu |
| kolbaa | ummata bal'aa |
| lichoo | halangee |
| luba | abbaa Gadaa |

| | |
|---|---|
| mandiyaa | sagalee guddaa, gigiigsuu |
| maracoo/marxaa | faaya Qondaalli morma irratti godhatu |
| muuda qaalluu | eebba Qaalluu fudhachuu |
| qaalluu | dursaa amantii Oromoo |
| quxisuu | maandhaa |
| sarbisuu | ariitii |
| seera muruu | seera tumuu, seera baasuu |
| sheeramuu | akaayanii mooyyeetti tumuun qolaa irraa baasuu |
| soramee | qulqulleeffamee |
| suubboo | kan fuudhe |
| ulfoo | kabajamaa, kan ulfina qabu |
| unachuu | dhuguu |
| urgoo | waan urgaayu, kan foolii bareeda qabu |
| walannaa | morkataa, masaanuu |
| warraaqaa | faaya Qondaalli mataa irratti godhatu |
| wayyooma | ulfina, kabajaa, safeeffamaa |
| yuuba | bara gadaa/bulchiinsa isaa xumuree aangoo gadi dhiise |

BBO 2013/2020



Gatii Qar. ________